Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate



Yesuusiif Yeroo Rakkisaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Byron Unger; Lazarus

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com Po Box 32155,
Addis Ababa, Ethiopia

Kan dagaagsame: M. Maillot; Sarah S.

Seenaawwan 60 keessaa Seenaa isa 38 ffaa

www.M1914.org

Bible for Children, *PO Box 3, Winnipeg, MB R3C 2G1 Canada*

Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Afaan Oromoo

Yeroo Yesuus cuuphame, Waaqayyo ni dubbate. Inni akkana jedhe, "Kun Ilma koo Isa jaallatamaadha. Ani Isatti nan gammada."

1

HAFUURRI QULQULLUUN Waaqayyoo bifa gugeedhaan Yesuus irra buufate.



2


Battalumatti, Hafuurri Qulqulluun Waaqayyoo Yesuusiin gara lafa onaattti geggeesse.
3

Yesuus guyyoota afurtama some. Sana jechuun Inni nyaata kamuu hin nyaanne. Baay'ee beela'e.
4


Macaafni Qulqulluun akka jedhutti bineensonni bakkees achi turan.
5

Seexanni Yesuusiin qoruuf dhufe. Yeroo dheeraa dura, jennata Eden keessatti akka isaan abboommii Waaqayyoo cabsan Addaamii fi Hewaaniin gowwoomsee ture.
6


Seexanni Ilma Waaqayoo, Yesuusiin illee qoruu yaaleera.
7


"Ilma Waaqayyoo yoo taate," jedhe seexanni, "dhagaa kana buddeenatti jijjiiri." Inni akka Yesuus beela'ee ture beeke.
8

Ilmi Waaqayyoo dhagaa buddeenatti jijjiiruu akka danda'us ni beeka. Yesuus seexanichaaf ni abboomamaa laata?

9

Miti! Yesuus seexanichaaf hin abboomamne. Qooda sanaa, Dubbii Waaqayyoo keessaa deebii kenne. "Namni buddeena duwwaan hin jiraatu, Dubbii afaan Waaqayyoo keessaa ba'uun malee."

10

Isa booda seexanni Yesuusiin gara magaalaa Yeruusaalem guddichaatti geesse, Mana Qulqullummaa isa namoonni keessatti Waaqayyoon waaqessan irra Isa dhaabe.



11

"Ilma Waaqayyoo yoo taate, as irraa gad of darbadhu" jedhe seexanichi. "Sagaleen Isaa Inni ergamoora Isaa siif ni ergaa jedha."

12

Yesuus, "Hin ta'u!" jedhee deebiseef. "Waaqayyoon Goofticha garmalee hin qoriin… kan jedhus immoo barreeffamee jira."

13

Seexanni irra deebi'ee yaale. Inni Yesuusiin magaalaa keessaa baasee gaara guddaa tokko irra dhaabachiise.

14

Ulfina mootummoota biyya lafaa irraa hundumaa Yesuusitti argisiisee, seexanni akkana Isaan jedhe, "Jilbeeffattee yoo anaaf sagadde, yoo ana waaqessites, kana hundumaa siif nan kenna."

15

Yesuus, "Ija koo duraa deemi, seexana nana!" jedhee abboome. "Waaqayyo GOOFTICHAAF qofa sagadi, Isa duwwaafis hojjedhu … jedhamee barreeffamee jira."

16

Seexanni yeroof Yesuusiin dhiisee deeme. Isa booda wanta baay'ee gaarii tokkotu ta'e.

17

Waaqayyo Ilma Isaa Yesuus—Isa seexanaaf hin abboomamiiniif akka ergamaniif ergamoota Isaa Isaaf erge.



18

Yesuusiif Yeroo Rakkisaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maatewos 4, Luqaas 4

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne **ni beeka**. Adabbiin cubbuu du'a.

Waaqayyo garuu guddaa nu jaallata, kanaaf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus cubbuu keenyaaf akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf dabarsee nuuf erge. **Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee** gara Waaqaa ni deeme! Amma Waaqayyo cubbuu keenyaaf nuuf dhiisa.

Cubbuu keerraa deebi'uu yoo barbaadde, Waaqayyoon akkas jedhi: Yaa Waaqayyo Yesuus akka anaaf du'eefi amma deebisee jiraatu nan amana. Jireenya haaraa akkan qabaadhee bara baraaf Si wajjin akkan jiraadhuuf maaloo gara jireenya kootti koottuutii cubbuu kootiif naaf dhiisi. Akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.
Wangeela Yohaannis 3:16

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu!